Isa lubbuun koo harka isaa keessa jirtuun kakadhee karaa warra isin dura darbanii ni hordoftu

Abuu Waaqid Al-Laysii irraa odeeffame, Rabbiin irraa haa jaalatu: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- gara Hunaynitti yeroo bahan muka mushrikootaa tan meeshaa waraanaa itti fannifatan tan zaatu anwaax(bakka waa itti fannifatan) jedhamtu tokko bira darban, akkas jedhaniin (sahaabonni): Yaa ergamaa Rabbii akkuma isaan zaat anwaaxin qaban, nuufis zaat anwaax godhi, Nabiyyiinis -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- akkas jedhan: Rabbiin qulqullaaye! Kuni akkuma ummatni Muusaa isaan jedhani:(Akkuma isaan waan gabbaramu qaban nuufis waan gabbaramu godhi} [Al-A'araaf: 138] Isa lubbuun koo harka isaa keessa jirtuun kakadhee karaa warra isin dura darbanii ni hordoftu".

[sirrii] [tirmiziifii ahmad odeessan]

Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- gara Hunaynii bahan, innis laga gidduu Xaa'ifii fi Makkaatti argamuudha, yeroo sanatti sahaabota dhiyeenyatti Islaamummaa fudhatan tokko tokkootu isaan waliin ture, Muka “zat Anwaax” jedhamtu tokko bira darban, jechuunis bakka waa itti fannifatan jechuudha, mushrikoonni barakaa barbaaduuf jecha kan isii guddisan ta'an, akkasumas meeshaa isaanii fi wantoota biroo kan irratti fannifatan ta'an, Kanaaf sahaabonni muka akka isaa, kan meeshaa waraanaa isaanii barakaa barbaaduf jecha irratti fannifatan akka isaaniif godhan Rasuula -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- gaafatan, kun akka hayyamamu itti fakkaateti kan gaafatan, Nabiyyiinis -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- dubbii kana balaaleffachuu fi Rabbiif ulfina Isaan malu kennuuf jecha "Subhaanallaah" jedhan, dubbiin kunis waan ummanni Muusaa isaan jedhan akka fakkaatu himaniiru: {Akkuma isaan waan gabbaramu qaban nuufis waan gabbaramu godhi}, Ummanni Muusaa nama taabota gabbaru yeroo argan akkuma mushrikoonni taabota qaban taabonni akka isaanifiis ta'u gaafatan, kun garuu karaa isaanii hordofuudha. Sana booda Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- ummanni kun karaa Yahuudotaa fi Kiristaanotaa akka hordofanii waan isaan hojjetan hojjetan sana irraa akeekkachiisuf jecha himaniiru.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/5927